

Wanta eegamuu qabu: Waraqaa Ragaa Kilinika Talaallii Sochootuu

Kilnikoonni talaallii sochootuun isinii fi hawaasa keessaniif talaallii COVID-19 dhiyeessu. Viidiyoon kun yeroo isin kilinika talaallii sochootuu deemtan waan isin eeguu dandeessan isinitti agarsiisa.

Yeroo isin kilinika sochootuu sana geessan, nagaa gaafattuu beellama talaallii keessanii wajjin ol seentu.

[Keessumsiiistuu] Akkam jirtu! Tole, har'a akka isin ol seentaniifan isin gargaara. Maqaan akaakayyuu keessanii eenyu?

Argannaa ykn qubsuma afaanii yoo isin barbaachise isaan beeksisaa maaloo. Kiliniki talaallii sochootuun namoota beellama hinqabatiniif banaadha, kanaaf hiriyyaa keessan fidaa kottaa!

[Keessumsiiistuu] Itti adeemuuf ga'oodha, gara tooraatti adeemuu ni dandeessu.

Kallattiidhaan atoobisiidhaa alatti ykn atoobisicha irraa bakkee itti eeganitti dabaree keessan eegaa.

Yeroo dabareen talaalamuu keessanii ga'u, buufata talaallii keessa ogeessa kilinikaa waliin taa'aa. Qofummaa isa jirurra wayyu yoo barbaaddan golgaawwan jiru.

[Ogeessa kilinikaa] Maqaa keessan natti himuu ni dandeessuu?

Ogeessi kilinikaa isinii wajjin odeeffannoo keessan sakatta'a, isin ammoo waa'ee talaallichaa ilaalchisee gaaffii kamuu yoo qabaattan gaafachuu ni dandeessu.

Talaallicha isinii kennuuf ogeessi kilinikaa sun irree keessan akka itti qabattan barbaada.

Erga talaalamtanii booda, atoobisicha keessaa baatu.

[Hojjetaa dhaabbatichaa] Akkam jirtu. Waan as dhuftaniif galatoomaa. Waan talaalamtaniifis ulfaadhaa. Amma ammoo naannooma kanatti garana gortanii daqiiqaa 15 kan ta'uuf akka nu eegdan barbaanna.

Naannoo haalli keessan itti ilaalamu daqiiqaa 15f turtu. Yoo nageenyi isinitti dhagaa'amu baate hojjettoonni dhaabbatichaa maal akka gootan isiniif ibsu. Yoo keessi keessan isinitti tolu baate, hojjettoonni leenji'an, kanneen akka narsootaa fi ogeessota wal'aansaa yeroo atattamaa bakkee sanatti argamu.

Daqiiqaawwan 15nan keessan erga dhumanii booda, deemuu dandeessu!

Talaalamuu keessaniif galatoomaa.

Waa'ee talaallii COVID-19 ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan, dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanii dubbisaa ykn marsariitii keenya daawadhaa. <https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/index.html>

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

6/17/21 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa biraan yoo barbaaddan, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989